WAAJJIRA AFYAA'IIFI CAFFEE
OROMIYAATIIN KAN QOPHAA'E

Waggaa 13ffaa .... Lak. 2
፲፫ኛ ዓመት .... ቁጥር ፪
13th year .... No. 2

Adaamaa, Guraandhala 23/1997
አዳማ ፣ የካቲት ፳፫ ቀን ፲፱፻፺፯ ዓ.ም
Adama, March 2, 2005

MAGALATA OROMIYAA
መገለጫ ኦሮሚያ
MEGELETA OROMIA

Gatiin Tokkoo .... 4.25 ያንዱ ዋጋ .... '' Unit Price .... ''	Too'annaa Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin Kan Bahe በኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት ም/ቤት ጠባቂነት የወጣ	Lakk. S. Poostaa .... 101769 የፖ.ሣ.ቁጥር .... '' P.O.Box .... ''

QABEENTAA	ማውጫ	CONTENT

Labsii Lakk. 88/1997

Labsii Bulchiinsa Faaynaansii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakk. 17/1989 Fooyyeessuuf Labsii Bahe

Mootummaan ittigaafatamummaa isaa sirriitti bahuu akka danda'uuf sirni bulchiinsa faayaansii ammayyaa fi saffinaan haala tajaajila kennuu danda'uun diriiruu kan qabu waan ta'eef;

Mootummaa Naannoo Oromiyaatti bulchiinsi faaynaansii kan ittiin hojjatamaa ture haala caasaa harawwaatiin waan wal hinsimneef Labsii lakk. 17/1989 irra deebiidhaan fooyyeessuun waan barbaachiseef;

Akkaataa Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa keewwata 49(3)(a) tiin kan armaan gadii labsamee jira.

KUTAA TOKKO
WALIIGALA

1. *Mata Duree Gabaabaa*

Labsiin kun ''Labsii Bulchiinsa Faaynaansii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakk. 17/1989 Fooyyeessuuf Labsii Bahe Lakk. 88/1997'' jedhamee waamamuu ni danda'a.

<u>አዋጅ ቁጥር ፹፰/፲፱፻፺፯</u>

<u>የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት የፋይናንስ አስተዳደር አዋጅ ቁጥር ፲፯/፲፱፻፹፱ን ለማሻሻል የወጣ አዋጅ</u>

መንግሥት ኃላፊነቱን በትክክል መወጣት እንዲችል ዘመናዊ እና ቀልጣፋ የፋይናንስ አስተዳደር ሥርዓት መዘርጋት አስፈላጊ በመሆኑ፣

የኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት ሲሰራበት የነበረው የፋይናንስ አስተዳደር አዋጅ ቁጥር ፲፯/፲፱፻፹፱ ከአዲሱ አደረጃጀት ጋር ስለማይጣጣም እንደገና ማሻሻል በማስፈለጉ በኦሮሚያ ሕገ–መንግሥት አንቀጽ ፵፱/፫/ /ሀ/ መሠረት የሚከተለው ታውጇል ።

<u>ክፍል አንድ</u>

<u>ጠቅላላ</u>

፩· <u>አጭር ርዕስ</u>

ይህ አዋጅ "የኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት የፋይናንስ አስተዳደር አዋጅ ቁጥር ፲፯/፲፱፻፹፱ን ለማሻሻል የወጣ አዋጅ ቁጥር ፹፰/፲፱፻፺፯" ተብሎ ሊጠቀስ ይችላል ።

Proclamation No. 88/2005

A Proclamation Issued to Amend Oromia Regional State Financial Administration Proclamtion No. 17/1997

WHEREAS, a modern and efficient financial administration system is essential to a well-functioning government;

WHEREAS, the previously set financial administration of Oromia Regional State is not pursuant to newly established structural organization, it has become necessary to amend and update Finacial Administration Proclamation No. 17/1997;

NOW, THERFORE, in accordance with Article 49(3) (a) of the Constitution of the Oromia Regional State, it is hereby proclaimed as follows:

PART ONE
GENERAL

1. *Short Title*

This Proclamation may be cited as ''Proclamation Issued to Amend Oromia Regional State Financial Administration Proclamation No. 88/2005.''

2. Kiika

Akkaataan seensa jechichaa hiika biraa kan kennisisuuf yoo ta'e malee Labsii kana keessatti:

1. ''Caffee'' jechuun Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaati.
2. ''Gargaarsa gosaan keenname'' jechuun Mootummaan Naannichaa maallaqaan alatti meeshaadhaan ykn bifa tajaajilaatiin walta'iinsa gar-lameetiin yookiin maddawwan kan biraa irraa kan fudhatu gargaarsa kamiyyuu dha.
3. ''Hayyamuu'' jechuun fandii walitti kuufame irraa kaffaluu kan dandeessisu Caffee Naannichaatiin kan kennamu aangoo kamiyyuu dha.
4. ''Baasii Kaappitaalaa'' jechuun qabeenya dhaabbataa horachuudhaaf ykn fooyyessuudhaaf herrega baasii godhamu yoo ta'u baasii tajaajila gorsaatiif godhamus ni dabalata.
5. ''Fandii walitti kuufame'' jechuun bu'uura Labsii kanaatiin maqaa mana hojii mootummaa kamiinuu herrega Baankii Biiroo Maallaqaa fi Misooma Diinagdee Oromiyaatiin baname keessatti galii kan godhame maallaqa Mootummaa Naannichaa, manneetii hojii Mootummaa keessatti kaffaltii raawwachuuf akka oolu maallaqa dheedhiidhaan qabatan akkasumas gargaarsa gosaan argameedha.
6. ''Dirqama'' jechuun waliigalteedhaan, ykn haalawwan seeraan kaa'aman yoo guutaman itti gaafatamummaa uumamuudha.
7. ''Kaffaltii'' jechuun fandii walitti kuufame keessa kan taa'e maallaqa Mootummaa baasii gochuu dha.
8. ''Mootummaa Naannoo'' jechuun Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaati.
9. ''Bara baajataa'' jechuun yeroo Adoolessa 1 irraa hanga Waxabajjii 30 tti jiruu dha.
10. ''Yeroo eeggannaa'' jechuun bara baajataa darbeetti meeshaa walirraa fuudhinsi raawwatee fi tajaajila kennameef gaaffii kaffaltii bara baajata darbe keessatti dhihaateef baajata bara darbee irraa kan ittiin kaffalamu Adoolessa 1 irraa eegalee kan jiru yeroo guyyoota 30ti.

፪· ትርጓሜ

የቃሉ አገባብ ሌላ ትርጉም የሚያሰጠው ካልሆነ በስተቀር በዚህ አዋጅ ውስጥ፣

፩· "ምክር ቤት" ማለት የኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት ምክር ቤት ማለት ነው ።

፪· "በዓይነት የተሰጠ ዕርዳታ" ማለት የክልሉ መንግሥት ከገንዘብ ሌላ በዕቃ ወይም በአገልግሎት መልክ በሁለት ወገን ስምምነት ወይም ከሌሎች ምንጮች የሚቀበለው ማናቸውም ዕርዳታ ነው ።

፫· "መፍቀድ" ማለት ከተጠቃለለው ፈንድ ላይ ለመክፈል የሚያስችል በክልሉ ምክር ቤት የሚሰጥ ማናቸውም ሥልጣን ነው ።

፬· "የካፒታል ወጪ" ማለት ቋሚ ሀብት ለማፍራት ወይም ለማሻሻል ወጪ የሚደረግ ሂሣብ ሲሆን ለምክር አገልግሎት የሚደረገውንም ወጪ ይጨምራል ።

፭· "የተጠቃለለ ፈንድ" ማለት በዚህ አዋጅ መሠረት በማናቸውም የመንግሥት መ/ቤት ስም በክልሉ የገንዘብና የኢኮኖሚ ልማት ቢሮ በተከፈተው የባንክ ሂሣብ ውስጥ ገቢ የተደረገ የክልሉ መንግሥት ገንዘብ ፣ የመንግሥት መ/ቤቶች ለክፍያ እንዲውል በጥሬ ገንዘብ የያዙት እንዲሁም በዓይነት የተገኘ ዕርዳታ ነው።

፮· "ግዴታ" ማለት በውል ወይም በሕግ የተመለከቱት ሁኔታዎች ሲሟሉ የሚፈጠር ኃላፊነት ነው ።

፯· "ክፍያ" ማለት በተጠቃለለው ፈንድ ውስጥ የተቀመጠውን የመንግሥት ገንዘብ ወጪ ማድረግ ነው ።

፰· "የክልል መንግሥት" ማለት የኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት ነው ።

፱· "የበጀት ዓመት" ማለት ከሐምሌ ፩ እስከ ሰኔ ፴ ቀን ያለው ጊዜ ነው።

፲· "የችሮታ ጊዜ" ማለት ባለፈው የበጀት ዓመት ርክክቡ ለተፈፀመ ዕቃ እና ለተሰጠ አገልግሎት ባለፈው የበጀት ዓመት ውስጥ ለቀረበው የክፍያ ጥያቄ ካለፈው ዓመት በጀት ላይ የሚከፈልበት ከሐምሌ ፩ ቀን ጀምሮ ያለው የ፴ ቀናት ጊዜ ነው ።

2. *Definitions*

Unless the context requires otherwize, in this proclamation:

1) ''Coucil'' means the Council of Oromia Regioanl State.
2) ''Aid in kind'' means any assistance received by the state under a bilateral or multilateral agreement, or from other sources, that is received in the form of goods or services or any other form other than money.
3) ''Appropriation'' means any authority given by the Council of the Regional State to pay money out of the conslidated Fund.
4) ''Capital Expenditure'' means an outlay for the acquistion of or improvements to fixed assets, and includes expenditures made for consulatancy services.
5) ''Consolidated Fund'' means all public moneys that are on deposit at the credit of any public body where the bank account has been opened by the Bureau under this proclamation; all public moneys held in cash by any public body pending disbursement and all aid in kind.
6) ''Commitment'' means an obligation that becomes a liability if and when the terms of existing contracts or legislation are met.
7) ''disbursement'' means the release of any public money from the consolidated Fund.
8) ''Regional State'' means the Oromia Rigional State.
9) ''Fisical Year'' means the period beginning Hamle 1st and ending Sene 30th.
10) ''Grace Period'' means the thirty (30) days immediately following Sene 30th during which invoices received in the previous fisical year for goods and services received in that year shall be paid from the previous fiscal year's appropration.

11. ''Yeroo Dhumaa'' jechuun maallaqa /qabeenya/ baasii gochuudhaaf eeyyamni kenname yeroo itti dhumuudha.
12. ''Biiroo ykn Hogganaa Biiroo'' jechuun akkuma waldura duubaan Biiroo Maallaqaa fi Misooma Diinagdee Oromiyaa ykn Hogganaa Biirooti:
13. ''Herregawwan biroo walitti qabamuu danda'an'' jechuun gibiraa fi adabbiiwwan alatti Mootummaa Naannichaa tiif kaffalamuu kan qabu maallaqa kamiyyuu dha.
14. ''Mana hojii mootummaa'' jechuun gartookkeen ykn guutumaan guutuutti baajata Mootummaa Naannichaatiin kan bulu mana hojii kamiyyuu dha.
15. ''Maallaqa Mootummaa'' jechuun Hogganaa Biirichaa ykn hogganaa biraa kamiyyuu ykn maqaa Mootummaa Naannichaa tiin maallaqa fuudhuudhaaf ykn walitti qabuudhaaf taaytaan kan kennameef namni kamiyyuu kan fuudhe ykn kan walitti qabe (akka waan walitti qabamuutti kan qabe) kan Mootummaa Naannichaa kan ta'e maallaqa kamiyyuu yoo ta'u kan armaan gadiis ni dabalata:
    a. Fandiiwwan addaa kan Mootummaa Naannichaa fi galii kanneenumarraa argamu,
    b. Galiiwwan Mootummaa Naannichaa,
    c. Mootummaan Naannichaa ykn manni hojii mootummaa kamiyyuu walta'iinsa garlamee ykn garbaay'ee ykn maddawwan biraarraa maallaqa liqiidhaan ykn gargaarsaan argatu,
    d. Deeggarsa baajata Mootummaa Federaalaa irraa argamu,
    e. Gargaarsa bifaan argamu,
16. ''Qabeenya Mootummaa'' jechuun maallaqa mootummaa fi lafaan alatti qabeenya Mootummaa Naannoo kan ta'e meeshaa kamiyyuu dha.
17. ''Dhiifama'' jechuun gibira, adaba ykn herregawwan walitti qabaman kan biraa dhiisuu ykn bilisa gochuu dha.
18. ''Idaa haquu'' jechuun herregawwan walitti qabaman, dirqamawwan ykn gaaffiiwwan naaf ta'aa kan biraa galmee herregaa irraa haquudha.

፲፩ ."መጨረሻ ጊዜ" ማለት ወጪ ለማድረግ የተሰጠው ፈቃድ ማብቂያ ጊዜ ነው ።

፲፪ ."ቢሮ ወይም የቢሮ ኃላፊ" ማለት እንደቅደም ተከተሉ የኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት የገንዘብና የኢኮኖሚ ልማት ቢሮ ወይም የቢሮው ኃላፊ ነው ።

፲፫ ."ሌሎች ተሰብሳቢ ሂሣቦች" ማለት ከግብር እና ከመቀጫ ውጪ ለክልሉ መንግሥት ሊከፈል የሚገባ ማናቸውም ገንዘብ ነው ።

፲፬ ."የመንግሥት መ/ቤት" ማለት ማንኛውም በከፊል ወይም በሙሉ በክልሉ መንግሥት በጀት የሚተዳደር መ/ቤት ነው ።

፲፭ ."የመንግሥት ገንዘብ" ማለት የቢሮው ኃላፊ ወይም ማናቸውም በክልሉ መንግሥት ስም ገንዘብ ለመቀበል ወይም ለመሰብሰብ ሥልጣን የተሰጠው ሰው የተቀበለው ወይም የሰበሰበው /በሰብሳቢነት የያዘው/ ማናቸውም የክልሉ መንግሥት ገንዘብ ሲሆን የሚከተሉትንም ይጨምራል ።

ሀ) የክልሉ መንግሥት ልዩ ሂሣቦች እና ከእነዚሁ የሚገኝ ገቢ ፤

ለ) የክልሉ መንግሥት ገቢዎች ፤

ሐ) የክልሉ መንግሥት ወይም ማናቸውም የመንግሥት መ/ቤት በሁለትዮሽ ወይም በባለ ብዙ ወገን ስምምነት ወይም ከሌሎች ምንጮች በብድር ወይም በዕርዳታ የሚገኘው ገንዘብ ፤

መ) ከፌዴራል መንግሥት የሚገኝ የበጀት ድጋፍ፤

ሠ) በዓይነት የሚገኝ ዕርዳታ ፤

፲፮· "የመንግሥት ንብረት" ማለት ከመንግሥት ገንዘብ እና መሬት በስተቀር የክልሉ መንግሥት ሀብት የሆነ ማናቸውም ንብረት ነው ።

፲፯· ምህረት" ማለት ግብርን ፤ መቀጫን ወይም ሌሎች ተሰብሳቢ ሂሣቦችን መማር ወይም ነፃ ማድረግ ነው ።

፲፰· "ዕዳ መሠረዝ" ማለት የክልል መንግሥት ተሰብሳቢ ሂሣቦችን ፤ ግዴታዎችን ፤ ወይም ሌሎች የይገባኛል ጥያቄዎችን ከሂሣብ መዝገብ መሠረዝ ነው ።

11) ''Lapse'' means termination of spending approval.
12) ''Bureau or Head of the Bureau'' means the Finance and Economic Development Bureau of Oromia or Head of the Finance and Economic Development Bureau of Oromia respectively.
13) ''Other receivables'' means any amount owing to the State other than a tax and penalty.
14) ''Public Body'' means any organ of the Government, which is partly or wholly financed by Government allocated budget.
15) ''Public Money'' means any money belonging to the Regional State received or collected (receivable) by the Head of the Bureau or by any official of the Government or by any person authorized to receive and collect such money on behalf of the Government and includes:
    (a) Sepcial funds of the State and revenues from them,
    (b) Revenues of the State,
    (c) Money received by the State or any public body as loans or as assistance under bilateral or mutilateral agreements or from other sources,
    (d) Budget subsidy provided by the Federal Government, and
    (e) Aid in kind
16) ''Public property'' means any property, except public money and land, belonging to the Regional State.
17) ''Remission'' means the discharge or release from taxes, penalties or other receivable due to the State.
18) ''Write off'' means the cancellation from the books of accounts of receivables or obligations due to the State or any claims by the State.

19. ''Mana Marii Naannoo'' jechuun Mana Marii Buclhiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaati.

20. ''Siinkiing fand'' jechuun liqii yeroo dheeraatti akka de-ebifamuuf fudhatame kaffaluudhaaf meeshaawwan dhabbataa bakka buusuudhaaf ykn Manni Maree Naannichaa dambii baasuun kan murteessu kaayyoo biraa kamiyyuuf akka oolu maallaqa investi godhamuudha.

21. ''Deeggarsa Baajataa'' jechuun Mootummaan Federaalaa Mootummaa Naannootiif, ykn Mootummaan Naannoo aanaalee fi magaalotaaf kan kennu deeggarsa baajata waggaati.

22. ''Jijjiirraa Baajataa'' jechuun mata duree tokkorraa, damee mata dureerraa ykn gulantaa herregaa irraa gara biraatti kan godhamu, jijjiirraa baajata heyyamamee mana hojii Mootummaa tokko keessatti ykn mana hojii Mootummaa tokko irraa gara biraatti kan raawwatamuudha.

23. ''Kaayyoo addaa'' jechuun bu'uura aangoo seeraan kennameetiin maallaqa Mootummaa addatti bahee qabamuun kan raawwatamu hojii Mootummaa Naannichaati.

3. Daangaa Raawwatiinsaa
   1. Labsiin kun kan raawwatamu manneetii hojii Mootummaa irratti dha.
   2. Manni Maree Naannichaa Labsiin kun kan ilaalu facaatii mana hojii Mootummaa yeroo yeroodhaan ni baasa.

4. Ittigaafatamummaa

Hogganaan ol'aanaa mana hojii mootummaa tokkoon tokkoon isaa Labsii kanaa fi bu'uura Labsii kanaatiin kan bahan dambii fi qajeelfamoota adda addaa mana hojii hoogganu keessatti guutumaan guutuutti fi karaa sirrii ta'een hojiirra ooluu isaanii karaa mirkaneessuutiin Mana Maree Naannootiif itti gaafatamummaa qaba.

KUTAA LAMA
MAALLAQA MOOTUMMAA WALITTI QABUU FI GALII GODHUU

5. Fandii Walitti Kuufame
   1. Haala addaatiin akka taa'u seeraan kan hayyamameefiin alatti maallaqni Mootummaa Naannichaa hundumtuu galii kan itti godhamu fandiin walitti kuufame tokko ni jiraata.
   2. Gargaarsi gosaan kenname bu'uura gatii Biirichi murteessuutiin fandii walitti kuufame keessatti ni galmeeffama.

፲፱· "የክልል ምክር ቤት" ማለት የኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት ምክር ቤት ነው ።

፳· "የጥሪት ፈንድ" ማለት በረጅም ጊዜ እንዲመለስ የተወሰደ ብድር ለመክፈል ፣ ቋሚ ንብረቶችን ለመተካት ወይም የክልሉ ምክር ቤት በሚያወጣው ደንብ ለሚወስነው ሌላ ማናቸውም ዓላማ እንዲውል ኢንቨስት የሚደረግ ገንዘብ ነው ።

፳፩· "የበጀት ድጋፍ" ማለት የፌዴራል መንግሥት ለክልል መንግሥት ፣ ወይም የክልሉ መንግሥት ለወረዳ ዎችና ለከተሞች የሚሰጠው ዓመታዊ የበጀት ድጋፍ ነው ፤

፳፪· "የበጀት ዝውውር" ማለት ከአንድ አርዕስት ፣ ንዑስ አርዕስት ወይም የሂሣብ መደብ ወደ ሌላ በአንድ መ/ቤት ውስጥ ከአንድ መ/ቤት ወደ ሌላ መ/ቤት የሚደረግ የተፈቀደ በጀት ዝውውር ነው ፤

፳፫· "የተለየ ዓላማ" ማለት በሕግ በተሰጠ ሥልጣን መሠረት ተለይቶ በሚያዝ የመንግሥት ገንዘብ የሚከናወን የክልል መንግሥት ተግባር ነው ።

፫· የተፈፃሚነት ወሰን
   ፩· ይህ አዋጅ ተፈፃሚ የሚሆነው በመንግሥት መ/ቤቶች ላይ ነው ።
   ፪· የክልሉ ምክር ቤት አዋጁ የሚመለከታቸውን የመንግሥት መ/ቤቶች ዝርዝር በየጊዜው ያወጣል።

፬· ኃላፊነትና ተጠያቂነት

የእያንዳንዱ የመንግሥት መ/ቤት የበላይ ኃላፊ የዚህ አዋጅና በአዋጁ መሠረት የሚወጡት ደንቦችና መመሪያዎች በኃላፊነት በሚመራው መ/ቤት ውስጥ ሙሉ በሙሉና በተገቢው መንገድ ተግባራዊ መሆናቸውን በማረጋገጥ ረገድ ለክልሉ ምክር ቤት ተጠያቂነት አለበት ።

ክፍል ሁለት
የመንግሥት ገንዘብ ስለመሰብሰብና ገቢ ስለማድረግ

፭· የተጠቃለለ ፈንድ
   ፩· በተለየ ሁኔታ እንዲቀመጥ በሕግ ከተፈቀደለት በስተቀር የክልል መንግሥት ገንዘብ ሁሉ ገቢ የሚደረግበት አንድ የተጠቃለለ ፈንድ ይኖራል ።
   ፪· በዓይነት የተሰጠ ዕርዳታ ቢሮው በሚወስነው ዋጋ መሠረት በተጠቃለ ፈንድ ውስጥ ይመዘገባል ።

19) ''Council of the Region'' means the Administrative Council of the Oromia Regional Government.

20) ''Sinking Fund'' means a fund invested to repay a long-term debt, replace fixed assets or for any other public purpose determined by regulations to be issued by the Council of Regional governement.

21) ''Budget subsidy'' means the annual budgetary amount provided by the Federal Government to the Regional Government or by the Regional Government to the districts and towns

22) ''Budget Transfer'' means the authorized movement of funds in an approved budget from one title, subtitle or item to others in one public body or from one public body to another public body.

23) ''Special Purpose'' means any activity of the state, which in accordance with legislative authority is carried out by earmarked public money.

3. *Scope of application*
   1) This proclamation shall apply to public bodies.
   2) The Council of the Regional Government may, from time to time, issue the list of public bodies to be governed by this proclamation.

4. *Responsibility and Accountability*

The Head of every public body is accountable to the Council of the Regional government for the responsibility to ensure that this proclamation and of the regulation as well as directives made under it are fully and properly implemented by the public body for which he is responsible.

PART TWO
Collection and Deposit of Public Money

5. *Consolidated Fund*
   1) There shall be one consolidated Fund into which any public money shall be paid except the ones allowed to be kept in a special account by law.
   2) Aid in kind shall be recorded in the Consolidated Fund at value to be determuned by the Bureau.

3. Biirichi fandii walitti kuufame ni qaba; ni bulcha.
4. Biirichi maqaa mana jojii mootummaa kamiiniyyuu herrega baankii maallaqni Mootummaa keessa taa'u ni bana. Herregni baankii bifa kanaas qaama fandii walitti kuufamee ta'a. Haalli raawwii isaa qajeelfama Biiroon baasuun murtaa'a.

6. Walitti Qabiinsa Maallaqa Mootummaa
   1. Seeraan yoo hayyamame malee maallaqha Mootummaa kamiyyuu walitti qabuun hin danda'amu.
   2. Maallaqni Mootummaa kamiyyuu nagahee seeraa kan Biirootiin malee walitti qabamuu hin danda'u
   3. Maallaqa Mootummaa kamiyyuu akka fuudhu ykn akka walitti qabu namni ykn qaamni aangoon kennameef, bu'uura qajeelfama Biirichi baasuutiin nagahee maallaqa ittiin fuudhee fi galii ittiin godhe galmeessee ni qabata.

7. Mallaqa Mootummaa Kaa'uu
   1. Fandii walitti kuufame keessatti galmeeffamuu isaatiin kanuma keessa akka taa'etti kan lakkaa'amu gargaarsa bifaan argamuun alatti, maallaqni Mootummaa kamiyyuu maqaa Biirootiin fandii walitti kuufame keessa taa'a.
   2. Kaayyoo addaatiif maallaqni fandii walitti kuufame keessa taa'e kaayyoodhuma kanaaf akka oolu bu'uura seera hayyamutiin baasii ta'ee kaffalamuu ni danda'a.

8. Dhala
   1. Kaayyoo addaatiif akka oolu fandii walitti kuufame keessa maallaqa taa'eef fandii walitti kuufamerraa dhalli kaffalamuuf ni danda'a.
   2. Hammi dhalichaa Biirichi abbaa maallaqa kaa'ate wajjin mari'achuudhaan kan dhiheessuu fi Mana Marii Naannichaatiin kan ragga'u ta'a.

KUTAA SADII
WAA'EE IDAA DHIISUU, HAQUU FI GATII TAJAAJILA ADDA ADDAA MURTEESSUU

9. Dhiifama idaa
   1. Manni Maree Naannichaa sababiin gahaa ta'e jiraachuu isaa yoo itti amane abbaa taaytaa dhimmi ilaalurraa bu'uura yaada dhihaatuutiin gibira, kiraa lafaa fi taaksii kamirraayyuu, kanumarratti kan kaffalamu ykn kan kaffalame dhala fi adaba waliin dhiifama gochuu ni danda'a.

፫. ቢሮው የተጠቃለለውን ፈንድ ይይዛል፣ ያስተዳድራል፣

፬. ቢሮው በማንኛውም የመንግሥት መ/ቤት ስም የመንግሥት ገንዘብ የሚቀመጥበት የባንክ ሂሣብ ይከፍታል ። የዚህ ዓይነት የባንክ ሂሣብ የተጠቃለለው ፈንድ አካል ይሆናል ። አፈጻጸሙ ቢሮው በሚያወጣው መመሪያ ይወሰናል ።

፮. የመንግሥት ገንዘብ አሰባሰብ
   ፩. በሕግ ካልተፈቀደ በስተቀር ማናቸውንም የመንግሥት ገንዘብ መሰብሰብ አይቻልም ፤
   ፪. ማናቸውም የመንግሥት ገንዘብ ያለ የገንዘብና የኢኮኖሚ ልማት ቢሮ ሕጋዊ ደረሰኝ ሊሰበሰብ አይችልም ፤
   ፫. ማናቸውንም የመንግሥት ገንዘብ እንዲቀበል ወይም እንዲሰበስብ ሥልጣን የተሰጠው ሰው ወይም አካል ቢሮው በሚያወጣው መመሪያ መሠረት ገንዘብ የተቀበለበትንና ገቢ ያደረገበትን ደረሰኝ መዝግቦ ይይዛል ።

፯. የመንግሥት ገንዘብ ስለማስቀመጥ
   ፩. በተጠቃለለ ፈንድ ውስጥ በመመዝገቡ በዚህ እንደተቀመጠ ከሚቆጠር በዓይነት ከሚገኝ ዕርዳታ በስተቀር ማናቸውም የመንግሥት ገንዘብ በገንዘብና ኢኮኖሚ ልማት ቢሮ ስም በተጠቃለለው ፈንድ ውስጥ ይቀመጣል።
   ፪. ለተለየ ዓላማ በተጠቃለለው ፈንድ ውስጥ የተቀመጠ ገንዘብ ለዚሁ ዓላማ እንዲውል በሚፈቅደው ሕግ መሠረት ወጪ ሆኖ ሊከፈል ይችላል ።

፰. ወለድ
   ፩. ለተለየ ዓላማ እንዲውል በተጠቃለለው ፈንድ ውስጥ የተቀመጠው ገንዘብ ከተጠቃለለው ፈንድ ላይ ወለድ ሊከፈልበት ይችላል ።
   ፪. የወለዱ መጠን ቢሮው ከአስቀማጩ ጋር በመመካከር በሚያቀርበውና የክልሉ ም/ቤት በሚያፀድቀው ልክ ይሆናል ።

ክፍል ሦስት
ዕዳን ስለመማር ፣ ስለመሠረዝና የልዩ ልዩ አገልግሎቶች ክፍያን መጠን ስለመወሰን

፱. የዕዳ ምህረት
   ፩. የክልሉ ምክር ቤት በቂ ምክንያት መኖሩን ሲያምንበት አግባብ ካለው ባለሥልጣን በሚቀርብለት አስተያየት መሠረት ግብር ፣ የመሬት ኪራይ እና ከማናቸውም ታክሶች ፣ በዚሁ ላይ ከሚከፈል ወይም ከተከፈለ ወለድ ጭምር ምህረት ሊያደርግ ይችላል ።

3) The Consolidated Fund shall be maintained and administered by the Bureau.
4) The Bureau may open in the name of any public body, bank accounts for the deposit of public money and such accounts shall form part of the Consolidated Fund. The implementation precedures will be determined by the directives issued by the Bureau.

6. *Collections*
   1) No public money shall be collected except when authorized by law.
   2) No public money shall be collected without the use of the official receipts of the Bureau.
   3) Every authorized person or any organ who collects or receives public money shall keep a record of receipts and deposits of it in the form and manner prescribed in directives issued by the Bureau.

7) *Deposits*
   1) Any public money shall be deposited in the Consolidated Fund to the credit of the Bureau, except aid in kind which shall be recorded in the Consolidated Fund and deem ed to be deposited.
   2) Money paid into the Consolidated Fund for a special purpose may be paid out of the Consolidated Fund, according to the law, which established the special purpose.

8) *Interest*
   1) Interest may be paid from the Consolidated Fund on the money paid into the Consolidated Fund for a special purpose.
   2) Subject to the approval of the Council of the Regional government, the rate of interest shall be established by the Bureau in consulation with the depositor.

PART THREE
Remissions, Write-offs, fees and Charges

9) *Remissions*
   1) The Council of the Regional Government may, for good cause and upon the recommendation of the appropriate head of the concerned public body remit any revenue, land rent and tax, including any interest paid or payable on them.

2. Biirichi sababiin gahaa jiraachuu isaa yoo itti amanu adaba gibiraa fi adaba taaksii kamirrattuu murtaa'e, kanuma irratti kan kaffalamu ykn kan kaffalame dhala waliin dhiifama gochuu ni danda'a.
3. Manni Maree Naannichaa ykn qaamni Mana Marichaatiin aangon kennameef sababni gahaa ta'e jiraachuu isaa yoo itti amane, abbaa taayitaa dhimmi ilaalurraa bu'uura yaada dhihaatuutiin herregota walitti hin qabamin ykn herregota galii kamiyyuu akkasumas, kanumarratti kan kaffalame ykn kan kaffalamu dhala fi adaba waliin dhiifama gochuu ni dand'a.
   Aangoon dhiifama gochuu haalli itti kennamu dambiidhaan murtaa'a.

10. <u>Haalawwan dhiifamni itti godhamuu danda'u</u>

Armaan olitti bu'uura keewwata 9 jalatti tumameetiin dhiifamni godhamu guutumaatti ykn gartokkeen, daangaadhaan ykn daangaa malee ta'ee:

1. Gibira, taaksii, kiraa, adaba ykn herregota walitti qabamuu danda'an kan biraa galchuudhaaf dhimmichi himannaadhaaf erga qajeelfamee, himatichi erga jalqabamee, ykn osoo hin jalqabamin dura,
2. Gibira, taaksii, kiraa, adaba, ykn kan biraa herregota walitti qabamuu danda'an raawwina murteetiin osoo hin kaffalamin dura ykn erga kaffalamaniin booda,
3. Gibira, taaksii, kiraa, adaba, ykn kan biraa herregota walitti qabamuu danda'an kan ilaalu dhimmi kamiyyuu yoo jiraatee fi haalawwaan ittigaafatamummaa kaffaluu fidan irra osoo hin gahin dura kennamuu ni danda'a.

11. <u>Dhiifama maallaqa kaffalamee</u>

Labsii kanaan ykn seera biraa kamiiniyyuu dhiifamni kan godhame maallaqaa kafalameerratti yoo ta'u maallaqichi kaayyoodhuma kanaaf herrega haala addaatiin ramadame keessaa baasii godhamee ni kaffalama.

12. <u>Idaa dhiifamni godhameef gabaasuu</u>

Labsii kanaan ykn bu'uura labsii biraa kamiiniyyuu idaa dhiifamni bara baajataa tokko keessatti godhameef bu'uura qajeelfama Biirichi kennuutiin herrega Mootummaa bara baajata sana dhihaatu keessatti dabalamee gabaafama.

፪· ቢሮው በቂ ምክንያት መኖሩን ሲያምንበት በማንኛውም ግብር እና ታክስ ላይ ከተጣለ መቀጫ ፣ በዚሁ ላይ የሚከፈልን ወይም የተከፈለን ወለድ ጭምር ምህረት ሊያደርግ ይችላል ።

፫· የክልሉ ምክር ቤት ወይም በክልሉ ምክር ቤት ሥልጣን የተሰጠው አካል በቂ ምክንያት መኖሩን ሲያምንበት አግባብ ካለው ባለሥልጣን በሚቀርብለት አስተያየት መሠረት ያልተሰበሰቡ ሂሣቦችን ወይም ማናቸውንም ገቢ ሂሣቦችን እንዲሁም በዚሁ ላይ የተከፈለን ወይም የሚከፈልን ወለድ እና ቅጣት ጭምር ሊምር ይችላል ። ምህረት የማድረግ ሥልጣን አሰጣጥ በደንብ ይወሰናል ።

፲· <u>ምህረት የሚደረግባቸው ሁኔታዎች</u>

በአንቀጽ ፱ ሥር በተደነገገው መሠረት የሚደረግ ምህረት በሙሉ ወይም በከፊል ፣ በገደብ ወይም ያለገደብ ሆኖ ፣

ሀ) ግብር ፣ ታክስ ፣ ኪራይ ፣ መቀጫ ወይም ሌሎች ተሰብሳቢ ሂሣቦችን ለማስገባት ጉዳዩ ለክስ ከተመራ ፣ ክሱ ከተጀመረ ወይም ከመጀመሩ በፊት ፣

ለ) ግብር ፣ ታክስ ፣ ኪራይ ፣ መቀጫ ወይም ሌሎች ተሰብሳቢ ሂሣቦች በፍርድ አፈጻጸም ከመከፈላቸው በፊት ወይም ከተከፈሉ በኋላ ፣

ሐ) ግብር ፣ ታክስ ፣ ኪራይ ፣ መቀጫ ወይም ሌላ ተሰብሳቢ ሂሣብን የሚመለከት ማናቸውም ጉዳይ ወይም ጉዳዮች ሲኖሩና የመክፈል ኃላፊነትን የሚያስከትሉ ሁኔታዎች ከመድረሳቸው በፊት ሊሰጥ ይችላል ።

፲፩· <u>የተከፈለ ገንዘብን ስለመማር</u>

በዚህ አዋጅ ወይም በሌላ በማናቸውም ሕግ ምህረት የተደረገው በተከፈለ ገንዘብ ላይ ሲሆን ገንዘቡ ለዚሁ ዓላማ በተለይ ከተመደበው ሂሣብ ውስጥ ወጪ ተደርጎ ይከፈላል።

፲፪· <u>ምህረት የተደረገለትን ዕዳ ሪፖርት ስለማድረግ</u>

በዚህ አዋጅ ወይም በሌላ በማናቸውም አዋጅ መሠረት በአንድ የበጀት ዓመት ውስጥ ምህረት የተደረገለት ዕዳ ቢሮው በሚሰጠው መመሪያ መሠረት በበጀት ዓመቱ በሚቀርበው የመንግሥት ሂሣብ ውስጥ ተጠቃሎ ሪፖርት ይደረጋል ።

2) The Bureau may, for good cause, remit any panalities on revenue and tax including any interest paid or payable on them.

3) The Council of the Regional government or any authorized organ by the Council may, for good cause and upon the recommendation of the appropriate official remit any other receivable or revenue, including any interest paid or payable on them and panalities according to the regulation issued by the Bureau.

10) *Conditions for Remissions*

A remission of the types described under article 9 may be total or partial or conditional or unconditional and may be:

1) Before, after or pending any suit for the recovery of the revenue, tax, rent, penalty or other receivable in respect of which the remisson is granted;
2) Before or after any payment of the revenue, tax, rent, penalty or other receivables have been made or enforced by process or execution, and
3) With respect to revenue, tax, rent, penalty or other receivables in any particular case or class of cases and before the liability for it arises.

11) *Remissions of Amounts Paid*

Remissions of amounts paid under this proclamation or any other proclamation shall be paid out of funds appropriated specificaly for this purpose.

12) *Reporting of Remissions*

Remissions granted under this proclamation or any other proclamation during a fiscal year shall be reported in the public accounts for that year in such form as the Bureau directs.

13. Idaa haquu

1. Mootummaa Naannichaatiif galuu kan qabu herregni walitti qabamuu danda'u ykn dirqamni raawwatamuu qabu ykn gaaffiin naaf ta'aa kamiyyuu guutumaatti ykn gar tokkoon haala itti haqamuu danda'u Manni Maree Naannichaa dambii baasuu ni danda'a Dambiin kunis:-
   a. Ulaagaalee ittiin herregni walitti qabamuu danda'u ykn dirqamni ykn gaaffiin naaf ta'aan kamiyyuu ittiin haqamu,
   b. Herrgni walitti qabamuu danda'u, dirqamni ykn gaaffiin kaffaltii kamiyyuu osoo hin haqamin dura haalawwan guutamuu qabanii fi addeemsa raawwatamuu qabuu, fi
   c. Herregota walitti qabamuu danda'an, dirqamawwanii fi gaaffiiwwan naaf ta'aa haqaman ilaalchisee ragaawwani fi galmeewwan qabatamuu qaban kan of keessaa qabu ta'uun irra jira.
2. Herrega walitti qabamu, ykn dirqama ykn gaaffii naaf ta'aa kamiyyuu haquun bu'aa baajata hayyamame irraa hir'isuu kan fidu yoo ta'e, idichi haqamuu kan danda'u labsii baajataatiin ykn labsii biraa kamiiniyyuu baajata baasiidhaan qabame yoo ta'u qofaadha.
3. Herrega walittiqabamu dirqama ykn gaaffi naaf ta'aa kamiyyuu haquun mirga Mootummaan Naanniichaa idicha deebisiisuudhaaf ykn walittiqabuudhaaf qabu hin daangessu.
4. Bu'uura Labsii kanaatiin ykn seera kan biraatiin bara baajatichaa keessatti kan haqame herregni walittiqabamu, dirqamni ykn gaaffiin naaf ta'aa kamiyyuu herrega Mootummaa bara baajatichaa keessatti dabalamee gabaafamuu qaba.

14. Gatii Tajaajila Adda Addaa

1. Manni Maree Naannichaa meeshaa manneetiin hojii Mootummaa dhiheessanii fi tajaajila kennaniif gatii kaffalchiisuun irra jiru ilaalchisee dambii baasuu ni danda'a.

፲፫· ዕዳን ስለመሠረዝ

፩· ለክልሉ መንግሥት መግባት ያለበት ማንኛውም ተሰብሳቢ ሂሣብ ወይም መፈጸም ያለበት ግዴታ ወይም ማንኛውም የይገባኛል ጥያቄ ሙሉ በሙሉ ወይም በከፊል ስለሚሠረዝበት ሁኔታ የክልሉ ምክር ቤት ደንብ ሊያወጣ ይችላል ። ይህም ደንብ ፤
   ሀ) ማንኛውም ተሰብሳቢ ሂሣብ ወይም ግዴታ ወይም የይገባኛል ጥያቄ የሚሠረዝባቸውን መመዘኛዎች ፤
   ለ) ማንኛውም ተሰብሳቢ ሂሣብ ፤ ግዴታ ወይም የክፍያ ጥያቄ ከመሠረዙ በፊት መሟላት ያለባቸው ሁኔታዎች መፈጸም ስለሚገባው ሥነ–ሥርዓት፤ እና
   ሐ) የተሠረዙ ተሰብሳቢ ሂሣቦችን፣ ግዴታዎችንና የይገባኛል ጥያቄዎችን በሚመለከት መያዝ ያለባቸውን መረጃዎችና መዝገቦችን ያጠቃለለ መሆን ይኖርበታል ።

፪· የማናቸውም ተሰብሳቢ ሂሣብ ፤ ወይም ግዴታ ወይም የይገባኛል ጥያቄ መሠረዝ ከተፈቀደው በጀት ላይ የመቀነስ ውጤት የሚያስከትል በሚሆንበት ጊዜ ዕዳው ሊሠረዝ የሚችለው በበጀት አዋጅ ወይም በሌላ በማናቸውም አዋጅ በወጪ የተያዘ በጀት ሲሆን ብቻ ነው ።

፫· ማንኛውም ተሰብሳቢ ሂሣብ ፤ ግዴታ ወይም የይገባኛል ጥያቄ መሠረዝ የክልሉ መንግሥት እዳውን ለማስመለስ ወይም ለመሰብሰብ ያለውን መብት አይገድብም ።

፬· ማንኛውም በዚህ አዋጅ ወይም በሌላ ሕግ መሠረት በበጀት ዓመቱ ውስጥ የተሠረዘ ተሰብሳቢ ሂሣብ ፤ ግዴታ ወይም የይገባኛል ጥያቄ በበጀት ዓመቱ የመንግሥት ሂሣብ ውስጥ ተጠቃሎ ሪፖርት መደረግ አለበት ።

፲፬· የአገልግሎት ክፍያዎች

፩· የክልሉ ምክር ቤት የመንግሥት መ/ቤቶች ለሚያቀርቡት ዕቃና ለሚሰጡት አገልግሎት የሚያስከፍሉትን ዋጋ ልክ በሚመለከት ደንብ ሊያወጣ ይችላል ።

13) *Write-offs*

1) The Council of the Regional government may issue Regulations regarding the writing off of all or part of any receivable or obligation due to the State or any claim by the State. such Regulations may prescribe:
   (a) The criteria for determining whether any receivable, obligation or claim may be written-off;
   (b) The requirements to be met and the procedures to be followed before any receivable, obligation or claim may be written off; and
   (c) The information and records to be kept in respect of receivables, obligations and claims that are written off.
2) No receivable , obligation or claim, the writing-off of which would result in a charge to an appropriation, shall be written-off unless the amount written-off is included as a budgetary expenditure in an appropriation proclamation or any other proclamation.
3) The writing-off of any receivable, obligation or claim does not affect any right of the Government to collect or recover the receivable, obligation or claim.
4) Any receivable, obligation or claim written-off under this proclamation or any other proclamation during a fiscal year shall be reported in the public accounts for that year.

14) *Fees and Charges*

1) The Council of the Regional government may issue regulations with respect to fees and charges levied by public bodies for providing goods, services or use of facilities.

2. Dhimmoota keewwata kana keewwata xiqqaa (1) irratti ibsaman ilaalchisee labsii biraatiin aangoon addaa kan kenname yoo ta'e keewwata xiqqaa kana irratti kan tumame raawwatiinsa hin qabaatu.

KUTAA AFUR
BULCHIINSA BAAJATAA

15. Sirna Bajatni itti dhiyaatuu fi baaxii isaa
1. Biiroon abbaa taayitaa Mootummaa dhimmi ilaaluu waliin mari'achuudhaan sirna fi ulaagaa baajatni waggaa ittiin dhihaatuu fi tokkoon tokkoo gaaffii baajataatiif baaxii bu'uura ta'u ni beeksisa.
2. Biiroon baajata mana hojii mootummaa, aanaalee fi magaalotaa ulaagaadhaan herregee murtii Mootummatiif ni dhiyeessa.
3. Biiroon sirna sagantaaleen Investimentii Mootummaa waggoota walitti aananiif ittiin dhihaatan ni diriirsa.
4. Galiin Mootummaa Naanichaa kamiyyuu baajata keessatti kan hammatamu ta'a. Galiin Naannoon, aanaalee fi magaalotni sasaaban, akkasumas bulchiinsi galii keessaa qajeelfama Biiroon baasuun murtaa'a.

16. Baajata Raggaasisuu fi Beeksisuu

Baajatni waggaadhaaf qophaa'e hanga Waxabajjii 30tti Caffee Naannichaatiin ragaa'ee, manneetiin hojii Mootummaa hundumtuu hanga Adooleessa 7tti akka beekaan ni godhama.

17. Jijjirraa Baajataa
1. Jijjiirraan baajata marmaartuu tokko irraa gara biraatti ykn baajata marmaartuu irraa gara kaappitaalaatti ykn baajata kaappitaalaa irraa gara bajata kaappitaalaatti Biiroodhaan ykn mana hojii mootummaatiin raawwatamuu ni danda'a. Haalli raawwii isaa dambiidhaan ni murtaa'a.
2. Baajata kaappitaalaa irraa gara baajata marmaartuutti jijjiiruun hin danda'amu.

18. Jijjiirraa baajataa mana hojii Mootummaa keessatti godhamu

Jijjiirraan baajata marmaartuus ta'ee baajata kaappitaalaa mana hojii Mootummaa tokko keessatti godhamu itti-gaafatamaa ol'aanaa mana hojiichaatiin qajeelfama Biiroon baasu hordofee ni raawwatama.

፪· በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ /፩/ የተዘረዘሩትን ጉዳዮች በተመለከተ በሌላ አዋጅ ልዩ ሥልጣን የተሰጠ ከሆነ በንዑስ አንቀጹ የተመለከተው ተፈፃሚ አይሆንም ።

ክፍል አራት
የበጀት አስተዳደር

፲፭· የበጀት አቀራረብ ሥርዓት እና ጣሪያ
፩· ቢሮው አግባብ ካለው የመንግሥት ባለሥልጣን ጋር በመመካከር ዓመታዊ በጀት የሚቀርብበት ሥርዓትና መመዘኛ ፣ ለእያንዳንዱ የበጀት ጥያቄ መሠረት የሚሆነውን የበጀት ጣሪያ ያሳውቃል ።
፪· ቢሮው የመንግሥት መ/ቤቶችን ፣ የወረዳዎችንና የከተሞችን ዓመታዊ በጀት በመመዘኛው መሠረት ደልድሎ ለውሣኔ ለክልሉ መንግሥት ያቀርባል ።
፫· ቢሮው የተከታታይ ዓመታት የመንግሥት ኢንቨስትመንት ፕሮግራሞች የሚቀርብበትን ሥርዓት ይዘረጋል ።
፬· ማንኛውም የክልሉ መንግሥት ገቢ በበጀት ውስጥ የሚካተት ይሆናል ፣ ክልሉ ፣ ወረዳዎችና ከተሞች የሚሰበስቡት ገቢ እንዲሁም የውስጥ ገቢ አስተዳደር ቢሮው በሚያወጣው መመሪያ ይወሰናል ።

፲፮· በጀትን ስለማጽደቅና ስለማሳወቅ

ለዓመቱ የተፈቀደው በጀት እስከ ሰኔ ፴ ቀን በክልሉ ምክር ቤት ፀድቆ ሁሉም የመንግሥት መ/ቤቶች እስከ ሐምሌ ፯ ቀን እንዲያውቁት ይደረጋል ።

፲፯· የበጀት ዝውውር
፩· ከአንድ መደበኛ በጀት ወደ ሌላ መደበኛ በጀት ወይም ከመደበኛ በጀት ወደ ካፒታል በጀት ወይም ከካፒታል በጀት ወደ ካፒታል በጀት የሚደረገው የበጀት ዝውውር በቢሮው ወይም በመንግሥት መ/ቤት ሊፈጸም ይችላል ። አፈጻጸሙ በደንብ ይወሰናል ።
፪· ከካፒታል በጀት ወደ መደበኛ በጀት ማዘዋወር አይቻልም ።

፲፰· በመንግሥት መ/ቤት ውስጥ የሚደረግ የበጀት ዝውውር

በመንግሥት መ/ቤት ውስጥ የሚደረግ የመደበኛ በጀትም ሆነ የካፒታል በጀት ዝውውር ቢሮው በሚያወጣው መመሪያ መሠረት በመ/ቤቱ የበላይ ኃላፊ ይፈጸማል ።

2) Sub-Article (1) of this Article shall not apply where another law provides specific authority for the matters described herein.

PART FOUR
Budget Administration

15. *Format and Ceiling of Budget*
1) The Bureau in consultation with the concerned government authority shall establish the system/format and criteria for annual budgetary submissions and the maximum amount or ceiling on which each budget request is to be based.
2) The Bureau shall allocate the annual budget of the public bodies, districts and towns subject to the criteria set and introduce to the government for approval.
3) The Finance and Economic Development Bureau shall establish the format/system for the multi-year public investment program.
4) Any government revenue is incorporated in the budget. Revenues collected by the Region, distircts and towns as well as internal revenue administration shall be decided by the directives issued by the Bureau.

16. *Budget Approval and Notifi cation*

The Budget appropriation shall be approved by the Council of the Region on or before Sene 30th and all public bodies shall be notified up to Hamle 7.

17. *Budget Transfer*
1) Transfers from one Recurrent Budget to another, from Recurrent Budget to Capital Budget or Capital Budget to Capital Budget shall be allowed by the Bureau or public body subject to regulations issued by the Bureau.
2) No transfer shall be allowed from the Capital Budget to the Recurrent Budget.

18. *Budget Transfers Within Public Bodies*
1) Recurrent Budget or Capital Budget transfer within one public shall be implemented by the Head following directives issued by the Bureau.

19. Jijjiirraa Baajataa Manneetii Hojii Mootummaa Gidduutti godhamu

1. Jijjiirraan baajataa manneetii hojii Mootummaa ykn Naannoo fi aanaa giduutti godhamu Biiroodhaan ni raawwatama. Haalli raawwii isaa qajeelfama biiroodhaan bahuun ni murtaa'a.
2. Biiroon sababiiwwan armaan gaditiin keewwata kana keewwata xiqqaa (a) fi (b) tiin baajata mana hojii Mootummaa tokkoo irraa gara mana hojii Mootummaa biraatti akka jijjiiramu eeyyamuu ni danda'a.
   a. Jijjiirraa caasaa mana hojii Mootummaatiin ragga'eer, ykn sababa fooyya'insi ittigaafatamummaa hojii godhameen jijjiirraa baajataa gochuun barbaachisa ta'ee yooargamu,
   b. Hanqina baajata mana hojii Mootummaa tokko qunnamesalphisuudhaaf baajata mana hojii Mootummaa kan biraatiif eeyyamame jijjiiruudhaan itti fayyadamuun barbaachisaa yoo ta'uu fi daballiin baajataa kunis kan barbaachise baajata duraan durfamee eeyyamame ta'uun isaa yoo mirkanaa'u,

Sagantaan haaraa idileen ykn kaappitaalaa yoo quunnamu Manni Marii Naannichaa baajata heyyamame irraa jijjiiruudhaan akka raawwatamu murteessuu ni danda'a. Raawwiin isaa dambiidhaanmurtaa'a.

20. Jijjiirraa Baajataa Baasii Tasaatiif Godhamu

Labsii baajataa waggichaarratti kan kaa'ame daangaan kamiyyuu akka eeggametti ta'ee, sochii hojii bara baajataa hojii irra jiruuf baay'ee ariifachiisaa kan ta'ee fi baajatni waggichaa wayitii qophaahutti kan hin yaadamin maallaqni dabalataan yoo gaafatamu Manni Maree Naannichaa baajata baasii tasaatiif qabame keessaa baasii dabalataan gaafatameef kan ta'u baajata jijjiiruu ni danda'a.

21. Dabalata Baajataa

Caffeen Naannichaa yaada murtii Manni Maree Naannichaa dhiheessu bu'uureeffachuudhaan baajata dabalataa hayyamuu ni danda'a.

፲፱· በመንግሥት መ/ቤቶች መካከል የሚደረግየበጀትዝውውር

፩· በመንግሥት መ/ቤቶች ወይም በክልልና በወረዳዎች መካከል የሚደረግን የበጀት ዝውውር ቢሮው ይፈጽማል ። አፈጻጸሙ ቢሮው በሚያወጣው መመሪያ ይወሰናል።

፪· ቢሮው በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ /ሀ/ እና /ለ/ ሥር በተደነገጉት ምክንያቶች ከአንድ የመንግሥት መ/ቤት ወደ ሌላ የመንግሥት መ/ቤት በጀት እንዲዘዋወር ሊፈቅድ ይችላል ። ይህም የሚሆነው፡—

ሀ) በመንግሥት መ/ቤት በፀደቀ የመዋቅር ለውጥ ወይም በተደረገ የሥራ ኃላፊነት ማሻሻያ ምክንያት የበጀት ዝውውር ማድረግ አስፈላጊ ሆኖ ሲገኝ፣

ለ) በአንድ የመንግሥት መ/ቤት ውስጥ ያጋጠመን የበጀት እጥረት ለማቃለል ለሌላ የመንግሥት መ/ቤት የተፈቀደ በጀትን በማዘዋወር መጠቀም አስፈላጊ ሲሆንና ይህም ያስፈለገው ተጨማሪ በጀት ቀደም ሲል የተፈቀደ በጀት መሆኑ ሲረጋገጥ፣

፫· አዲስ የመደበኛ ወይም የካፒታል በጀት ፕሮግራም ሲያጋጥም የክልሉ ምክር ቤት ከተፈቀደው በጀት ላይ በማዛወር እንዲፈጸም ሊወስን ይችላል ። አፈጻጸሙ በደንብ ይወሰናል።

፳· ለድንገተኛ ወጪ ስለሚደረግ የበጀት ዝውውር

በዓመቱ የበጀት አዋጅ የተቀመጠው ማናቸውም ገደብ እንደተጠበቀ ሆኖ፣ በሥራ ላይ ላለው በጀት ዓመት የሥራ እንቅስቃሴ በጣም አስቸኳይ የሆነና የዓመቱ በጀት በሚዘጋጅበት ጊዜ ያልታሰበ ተጨማሪ ገንዘብ ሲጠየቅ የክልሉ ምክር ቤት ለድንገተኛ ወጪ ከተያዘው በጀት ውስጥ በተጨማሪ ለተጠየቀው ወጪ የሚሆን በጀት ማዛወር ይችላል።

፳፩· ተጨማሪ በጀት

የክልሉ ምክር ቤት የሚቀርበውን የውሣኔ ሀሣብ መሠረት በማድረግ ተጨማሪ በጀት ሊፈቅድ ይችላል።

19. *Budget Transfer Between Public Bodies*

1) Budget transfer between public bodies or between the Region and the district shall be allowed by the Bureau subject to the directives issued by the Bureau.
2) The Bureau may allow the transfer of budget from one public body to another public body in accordance with the conditions set in Sub-Articles (a) and (b) of this Article.
   a) Where such a transfer is necessitated by an approved reorganization of the public body or reallocation of the public body responsibilities or,
   b) Where a deficiency in one public body's budget can be met by an offsetting transfer from another public body's budget, provided the budget receiving additional funds is a previously approved budget.
3) In cases where new program of recurrent or capital faces, the Council of the Regional government may allow the transfer from the appropriated budget for program implementation. Implementation procedures shall be decided by the regulations issued by the Bureau.

20. *Transfer for Emergency Expenditures*

Emergency expenditures may be provided on the authority of the council of the Regional Government by transferring from the provision for unforessen expenses, subject to any limitations imposed by the Budget proclamation for the current fiscal year, where additional funds are requested on the basis that they are urgently required for the current year's operations and could not have been forseen in the annual Budget.

21. *Supplementary Budget*

Suplementary Budget appropriations may be authorized by the Regional Council upon the recommendation of the council of the Regional government

22. Turmaata Raggaasisa Baajataa

Caffeen Naannichaa jalqaba bara baajatichaa irratti baajata waggichaa osoo hin raggaasisin yoo hafu hanga raggaasisutti haala baajata marmaartuu bara darbe ragga'eetiin j'ia ji'aan ilaalamee Biirichaan akka hojii irra oolu ni godhama. Akkasumas, Biirichi kanaan dura kan eeyyamaman kaffaltii proojektoota kaappitaalaatiif kaffaltii raawwaachuu ni danda'a.

23. Baajata Hojii Irra Hin Oolin

1. Labsii kana keewwata 31 fi 32 irratti kan ibsamee fi akkasumas Biirichi dhimma kanaaf qajeelfamni baasu akkuma jirutti ta'ee bara baajatichaatiif kan hayyamamee fi baasii osoo hin godhamin ykn hojii irra osoo hin oolin kan hafe herregni hundi hojii irra ooluunsaa hafee herrega man-kuusaa maallaqaa Biirrichaatiif ni dhangalaafama.
2. Keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti kan tumame yoo jiraatellee herregni liqii fi gargaarsaa fandii walitti kuufame keessa taa'ee akkuma barbaachisummaasaatti hojii irra ooluun isaa itti fufuu ni danda'a.

24. Kaffaltii Dursaa

Dhuma bara baajata itti kennameetti kan hin deebi'in, ykn hin bu'in ykn bakka hin buufamin, herregni dursee kaffalame kamiyyuu herrega Mootummaa bara saniif dhiyaatu waliin gabaafamuu qaba.

25. Waldandeessisuu

Herregni kaffaltii dursaa kamiyyuu akka bu'uura dambii kaffaltii akkanaa ajajuutiin guutummaatti ykn gartokkoon kan hin kaffalamin, kan hin buufamin ykn kan hin deebi'in yoo ta'u.

a. Durgoo sooramaatiin alatti nama kaffaltii dursaa fudhateef Mootummaa Naannichaatiin kan kaffalamu maallaqa kamiyyuu, ykn
b. Namni kaffaltii dursaa fudhate du'eera yoo ta'e durgoo sooramaatiin alatti dhaaltootasaatiif Mootummaa Naannootiin kan kaffalamu maallaqa kamirraayuu hir'isuun ni danda'ama.

26. Baasii fi Galii Deebi'u

1) Bara baajatichaa keessatti mootummaan Naannichaa kan fudhate:
   a. Baasii deebi'u,
   b. deebii kaffaltii dursaa,

፳፪· የበጀት መጽደቅ መዘግየት

የክልሉ ምክር ቤት በበጀት ዓመቱ መጀመሪያ ላይ የዓመቱን በጀት ሳያፀድቀው ሲቀር ምክር ቤቱ የዓመቱን በጀት እስኪያጸድቀው ድረስ ባለፈው ዓመት የፀደቀው መደበኛ በጀት በየወሩ እየታየ በቢሮው ተፈፃሚ እንዲሆን ይደረጋል ። እንዲሁም ቢሮው ቀደም ሲል ለተፈቀዱ የካፒታል ፕሮጀክቶች ክፍያ ሊፈፅም ይችላል ።

፳፫· ሥራ ላይ ያልዋለ በጀት

፩· በዚህ አዋጅ አንቀጽ ፴፩ እና ፴፪ የተመለከቱት እና እንደዚሁም ቢሮው ስለጉዳዩ የሚያወጣው መመሪያ እንደተጠበቀ ሆኖ ፣ ለበጀት ዓመቱ የተፈቀደ እና ወጪ ሳይደረግ ወይም ሥራ ላይ ሳይውል የቀረ ሂሣብ ሁሉ ሥራ ላይ መዋሉ ቀርቶ ለቢሮው የትሬዠሪ ሂሣብ ፈስስ ይደረጋል።
፪· በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ /፩/ የተደነገገው ቢኖርም የዕርዳታና የብድር ሂሣብ በተጠቃለለው ፈንድ ውስጥ ሆኖ እንደ አስፈላጊነቱ ሥራ ላይ መዋሉ ሊቀጥል ይችላል ።

፳፬· የቅድሚያ ክፍያ

በተሰጠው የበጀት ዓመት መጨረሻ ያልተመለሰ ወይም ያልተወራረደ ወይም ያልተተካ ማናቸውም የቅድሚያ ክፍያ ሂሣብ በዓመቱ ከሚቀርበው የመንግሥት ሂሣብ ጋር ተጠቃሎ ሪፖርት መደረግ አለበት ።

፳፭· ስለማቻቻል

ማናቸውም የቅድሚያ ክፍያ ሂሣብ እንዲህ ያለውን ክፍያ በሚያዘው ደንብ መሠረት በሙሉ ወይም በከፊል ያልተከፈለ ፣ ያልተወራረደ ወይም ያልተመለሰ ሲሆን ፣

ሀ) ከጡረታ አበል በስተቀር የቅድሚያ ክፍያውን ለወሰደው ሰው በክልሉ መንግሥት ከሚከፈል ማናቸውም ገንዘብ ወይም
ለ) የቅድሚያ ክፍያውን የወሰደው ሰው ሞቶ እንደሆነ ከጡረታ አበል በስተቀር ለወራሾቹ ከክልሉ መንግሥት ከሚከፈል ማናቸውም ገንዘብ ላይ ተቀናሽ ሊደረግ ይችላል ።

፳፮· የገቢና የወጪ ተመላሽ

፩· በበጀት ዓመቱ የክልሉ መንግሥት የተቀበለው ማናቸውም ፣
   ሀ) የወጪ ተመላሽ ፣
   ለ) የቅድሚያ ክፍያ ተመላሽ ፣

22. *Delay In Budget Approval*

1) Where the Regional Council has not approved the annual Budget by the beginning of the fiscal year to which it relates, then the approved recurrent budget of the previous fiscal year shall be implemented by the Bureau on a monthly basis until the annual budget for the current fiscal year is approved. For previously approved capital projects payment shall be released by the Bureau.

23. *Unspent Funds*

1) With the exception of Articles 31 and 32 of this Proclamation and subject to directives issued by the Bureau, the unspent balance of an appropriation granted for a fiscal year shall lapse and be credited to the Treasury Account of the Bureau.
2) Notwithstanding the provisions of sub-article (1) of this Article, unspent balance of grants and loans shall be retained in the consolidated fund for continued use as may be necessary.

24. *Advances*

Every advance that is not repaid, accounted for or recovered by the end of the fiscal year in which it was made shall be reported in the public accounts for that year.

25. *Set-off*

Any advance or portion of it that is not repaid, accounted for or recovered in accordance with the regulations governing such advances may be recovered:

a) Out of any money payable, except for pension money payable, by the Government to the person to whom the advance was made or,
b) Where the person is deceased, out of any money payable, except for pension money payable, by the Government to the heirs of that person.

26. *Refunds of Expenditure*

1) Any amount received by the Government in a fiscal year as:
   (a) a refund of an expenditure,
   (b) a repayment of an advance,

(c) deebii maallaqa caalmaan kaffalame,

(d) Herrega deeb'u taaksii deeb'u ykn sababa kaffaltii irratti sirreefamni gatii godhameen deeb'u argamu dabalatee,

(e) Beenyaan miidhamaa kaffalamuusaatiin maallaqaa aragame, ykn

(f) Miidhaan qabeenya Mootummaa irratti qaqqabe ykn kasaaraan akka bakka bu'u sababa gaaffii dhihaateetiin maallaqni argamu kamiyyuu, Kanaan dura dhimmuma kanaaf baasiin godhame ykn herregni kaffaltii dursaa mata duree baajata ittiin qabametiin jalatti galii ta'ee galmeeffamuu qaba.

2. Bara baajataa keessatti galiin galmeeffamee galee ture deebi'uu malu yoo qunnamu mata duree ittiin galii ta'een deebi'ee baasii ta'ee kaffalamuu ni danda'a.

3. Galiin sababa taaksii hir'isanii hambiisuudhaan (with-holding tax) fi sababa taaksii dabalata qabeenyaa (VAT) irraa kan ka'e caalmaadhaan kaffalamuun isaa yoo mirkanaa'e barri baajataa durbus, galii taaksii kanaa galii idiletti hin galmaa'in irraa akka deebi'u gochuun ni danda'ama. Raawwiin isaa qajeelfama Biiroon baasuun ibsama.

KUTAA SHAN
KAFFALTII MAALLAQA MOOTUMMAA

27. *Fandii Walitti Kuufamerraa Kaffaltii Raawwachuu*

1. Caffeen Naannichaa baajataan yoo hayyame malee fandii walitti kuufame keessaa kaffaltii raawwachuun hin danda'amu.

2. Baajata hayyamame Biirichi yoo beeksise malee kaffaltii raawwachuun ykn dirqama kaffaltii galuun hin danda'amu.

3. Hojjettoota Mootummaa dhaabbataa ta'aniif liqiin mindaa yeroo gabaabaa dhala malee, lqiin mindaa yeroo dheeraa dhalaan kennamuufi ni danda'a. Akkasumas kaffaltiiwwan dursaa ykn dhumaa durgoo addaa addaa fi geejibaa kennamuu ni danda'u. Haalli raawwii isaa dambiidhaan ni murtaa'a.

ሐ) በብልጫ የተከፈለ ገንዘብ ተመላሽ ፣

መ) በተመላሽ ሂሣብ ፣ በተመላሽ ታክስ ወይም በክፍያ ላይ የዋጋ ማስተካከያ በመደረጉ ምክንያት የሚገኝ ተመላሽ ጭምር ፣

ሠ) የጉዳት ካሣ በመከፈሉ ምክንያት የተገኘ ገንዘብ ወይም

ረ) በመንግሥት ንብረት ላይ የደረሰው ጉዳት ወይም ኪሣራ እንዲተካ በቀረበ ጥያቄ ምክንያት የሚገኝ ማናቸውም ገንዘብ ፣ ቀደም ሲል ለዚሁ ጉዳይ የተደረገው ወጪ ወይም የቅድሚያ ክፍያ ሂሣብ በተያዘበት የበጀት ርዕስ ሥር ገቢ ሆኖ መመዝገብ አለበት።

፪· በበጀት ዓመቱ ገቢ ተደርጐ ተመዝግቦ የቆየና ተመላሽ ሊሆን የሚገባ ከአጋጠመ ገቢ ከተደረገበት ርዕስ ተመልሶ ወጪ ሆኖ ሊከፈል ይችላል ።

፫· ታክስን ፣ ግብርን ቀንሶ በማስቀረትና (With holding tax) በተጨማሪ እሴት ታክስ (VAT) ምክንያት የተከፈለ ገንዘብ መከፈል ከሚገባው ታክስ /ግብር በልጦ መገኘቱ ከተረጋገጠ የበጀት ዓመቱ ቢያልቅም በመደበኛ ገቢ ካልተመዘገበ ከዚሁ ገቢ ላይ ተመላሽ እንዲሆን ሊደረግ ይችላል ። አፈጻጸሙ ቢሮው በሚያወጣው መመሪያ ይገለፃል ።

ክፍል አምስት
የመንግሥት ገንዘብ ክፍያ

፳፯· ከተጠቃለለው ፈንድ ክፍያ ስለመፈጸም

፩· በክልሉ ምክር ቤት በበጀት ካልተፈቀደ በስተቀር ከተጠቃለለው ፈንድ ውስጥ ክፍያ መፈጸም አይቻልም ።

፪· የተፈቀደውን በጀት ቢሮው ካላሳወቀው በስተቀር ክፍያ መፈጸም ወይም የክፍያ ግዴታ መግባት አይቻልም ።

፫· ለቋሚ የመንግሥት ሠራተኞች የአጭር ጊዜ የደመወዝ ብድር ያለወለድ ፣ የረዥም ጊዜ የደመወዝ ብድር በወለድ ሊሰጣቸው ይችላል ። እንደዚሁም ለተለያዩ ውል አበሎችና መጓጓዣ አበሎች የቅድሚያ ወይም የመጨረሻ ክፍያዎች ሊሰጡ ይችላሉ ።

(c) a refund or repayment of an overpayment,

(d) a rebate, including a tax rebate or some other rebate due price adjustment on a payment,

(e) a recovery from an indemnification, or

(f) a recovery under a claim for loss or damage to the asset of public body, shall be credited to the appropriation against which the related expenditure, advance or payment was charged.

2) Where the collected and registered regional revenue seems to be repaid in the budget year, it could be repaid from that of deposited revenue account.

3) Over collected revenue due to cases like with holding tax and VAT s repayable even if the budget year is over, subject to the directives issued by the Bureau.

PART FIVE
Public Disbursements

27. *Disbursements Out of the consoldated Fund*

1) No disbursement shall be made out of the Consolidated Fund without the prior authorization of the Regional Council in the form of an appropriation.

2) No expenditure or commitment of expenditure shall be incurred from an appropriation with out the approval of the Bureau.

3) Non interest salary loan for short duration and with interest for long duration for permanent government employees as well as utilization of first or last payment for perdiem and transportation are allowed, subject to the regulations issued by the Bureau.

28. Daangaa kaffaltii

Labsii kanaan keewwata 17-22tti bu'uura tumameetiin yoo ta'e malee bara baajata tokkoo keessatti manneetii hojii Mootummaa labsii baajataatiin akka kaffalamu maallaqa hayyamameen ol kaffaltii raawwachuun hin danda'amu.

29. Dirqama Seenuu

1. Ittigaafatamaa ol'aanaa mana hojii mootummaatiin ykn kan inni bakka buusuun barreeffamaan yoo gaafatame malee baajata mana hojiichaattiif hayyamame irraa kaffaltii raawwachuudhaaf dirqama seenuun hin danda'amu.
2. Manni hojii Mootummaa kamiyyuu bara baajatichaa keessatti kan qaqqabu idaa kamiyyuu kaffaluudhaaf kan dandeessisu baajata gahaa yoo qabaate malee bara baajatichaa keessatti walta'iinsa kaffaltii gaafatu ykn dirqama gosa biraa keessa seenuu hin danda'u.
3. Biirichi gita herregaa tokko tokkoo isaatiif dirqama faaynaansii seename to'achuudhaaf sirna dandeessisuu fi orneela ittiin galmeeffamu ni baasa.
4. Ittigaafatamaa ol'aanaan mana hojii Mootummaa bu'uura sirnaa fi orneela Biirichi baasuutiin gita herregaa tokko tokkoof dirqama faaynaansii galame to'achuudhaaf kan dandeessisu galmee ni qabata.

30. Kaffaltii meeshaawwanii fi tajaajilaawwaniif godhamu

1. Dhihaachuu kan qabu facaatii baasiitti ykn mirkaneessaa kaffaltiitti dabalatee ittigafatamaa ol'aanaan mana hojii Mootummaa ykn kan inni bakka buusu dhimmoota armaan gaditti kaa'aman yoo mirkaneesse malee kaffaltiin raawwtamuu hin danda'u:
   a) Hojiiwwan raawwataman, kaffaltii dhiheessaa meeshaatii fi tajaajilaa kan ilaalu yoo ta'u:
